# Gochoota Shanan Dubbistoota Guddisan

Sochiiwwan barnoota jalqabaa barattootaa fi maatii isaanitiif




Oromo

# MAALTU KEESSA JIRA

Gochoota 5 Dubbistoota Guddisan:

- Dubbachuu
- Weellisuu
- Dubbisuu
- Taphachuu
- Barreessuu

Sochiiwwan Saayansii
Kaardiiwwan Qubee
Kaardiiwwan Bineensotaa



# GOCHOOTA SHANAN DUBBISTOOTA GUDDISAN

1. **DUBBACHUU:** Dubbachuuun afaani fi jechoota guddisa

2. **WEELLISUU:** Weellisuun ijoolleen akkaa sagaleewwan adda addaa dhaga'an dandeessisa

3. **DUBBISUU:** Fakkiiwwan kitaabolee irraa fayyadamuun dubbisuu ykn seenaawwan himuu shaakaluu

4. **TAPHACHUU:** Taphachuun kutaa hojii daa'ima keeti kan guyyaa guyyaan godhamuu ta'uu qaba

5. **BARREESSUU:** Barreesuu fi fakkii saffisaan kaasun maashaalee ijaaruu

# MANATTI WAJJIIN HAASA'UU

Afaan manaa keessaniin dubbachuun, maqaa wantootaa waamuu fi jechoota bal'aa gara garaa fayyadamuun hunduu jechoota daa'ima keessanii dabala. Daa'imni akkuma jechoota caalaa dhagahan, jechoonni isaanii caalaatti dabala, akkasumas yeroo dubbisuu eegalan jechoota salphaatti sagalee baasanii jechuuf caalaatti itti salphata.

## MEE WAL FAANA YAA DEEMNU:

Yeroo tokko tokko dheeran gaha   dheeraa, dheeraa
(irreewwanii fi harkawwan mataa keetii ol diriirsi)

Yeroo tokko tokko xiqoon, xiqqoon, xiqqoon ol dacha'a
(gadi jedhaatii qaama gara kubbaatti dachaasaa)

Yeroo tokko tokko nan qaqqaba - irreewwan sirriitti banamu
(Dhaabbadhaatii irreewwan sirriitti banaa)

Yeroo tokko tokko cinaadhaa gara cinaatti sosocho'a
(Irreewwaniifi qaamaa cinaadhaa gara cinaatti sosochosaa)

Yeroo tokko tokko ol utaalee samii tuqa
(harkawwan mataadhaa ol gochuun utaalaa)

Itti aansen dugda gara dacheeti kenneen hafuura dheeraa baasa
(Quboota miilaa harkaan qabatii taa'aa)

# WAJJIIN HAASA'UU:

Daa'ima keessan wajjiin deemicha miilaa godhaa (mana keesaniin alatti ykn keessatti). Waa'ee wanta agartanii, isinitti dhagahamuu, urgeeffattanii, dhandhamattanii fi dhageessanii dubbadhaa. bocawwanii fi haalluuwwan garaa garaa dubbadhaa. Wantoota lakkaa'un tapha uumaa.

Yeroo nyaataa bilcheessitan, tokkoon tokkoon sadarkaawwanii haasa'aa. Naqaawwan garaa garaa miira akkamii akka keennan, maal akka fakkaatan fi foolii akkamii akka qaban ibsaa. Waa'ee nyaataa qopheessaa jirtanii miiraawwan ykn yaadannoowan qoodaa.

Yeroo ciisichaa, seenaa uumaa ykn salphummatti waa'ee isinii fi daa'imni keessan guyyaa sana raawwattan haasa'aa.



# TAPHA KAARDII GOCHAA:

Kaardiiwwan bineensota irraa bineensa filadhaa, garuu daa'ima keessanitti hin agarsiisinaa. Bineensicha daa'ima keessaniif ibsaa waan isin ibsaa jirtan akka fakkii kaasan godhaa. Wajjiin waa'ee bineensichaa seenaa uumaa.

# MANATTI WAJJIIN WEELLISAA

Weellisuun afaan suuta akka jedhu waan taasisuuf daa'imman sagaleewwan caalaatti xixiqqoo ta'an jechoota keessaa akka dhagahan dandeechisa. Kuni sagaleewwan garaa garaatiin akka taphatanii fi jechoota haaraa akka baratan isaan gargaara.

## MEE WAL FAANA YAA DEEMNU:


*(Kana yoo daa'ima ganaa deemuu eegale ykn mana barnootaa jalqabaa keessa ta'e wajjiin godhaa jiraattan, wajjiin dhaabaadhaa. Akkasumas sarbaa keessan irra dhaabbachuun akka isin ilaalan ykn qaamaa isaanii sosochoosun daa'ima wajjiin kana gochuu ni dandeessu.)*

Mataa, gateettiiwwan, jilboota fi qubootaa miilaa, jilboota fi qubootaa miilaa

Mataa, gateettiiwwan, jilboota fi qubootaa miilaa, jilboota fi qubootaa miilaa

Ijaa fi gurraa fi afaanii fi funyaan

Mataa, gateettiiwwan, jilboota fi qubootaa miilaa, jilboota fi qubootaa miilaa!




spl.org

## WAJJIIN WEELLISUU:

Yeroo gochoota guyyaa guyyaan taasifaman kana akka daayiiperii jijjiiruu fi nyaata kennuufii, ceehumsa gochoota gidduutti daa’ima ykn daa’ima keessan reefu deemuu qabee sirbaa. Yeroo dandeesse dhikkisa wajjiin utaalaa!

Sirboota jaallattan qooduf dabaree waljijjiiraa.

Akka maatiitti weedduu uumuu ni dandeessuu? Akka barbaaddanitti sirbuu dandeessu sirumayyuu jechoota dhugaa fayyadamuun isin hin barbachiisu!



## TAPHA KAARDII GOCHAA:

Yeroo sirbitan kaardiiwwan qubeelee fayyadamuu, sirba ABC sirbuu fi qubeelee tokkoon tokkoon caqasuu.

# MANATTI WAJJIIN DUBBISAA

Guyyaa hunda wajjiin dubbisuun daa'imman dubbisuuf akka qophaa'an gargaaruf gocha hunda caalaa baay'ee barbaachisuudha. Kitaaboolee dubbisuutti dabalee, guyyaa keessatti gochooota raawwattu keessatti jechoota dubbadhu akkasumas dubbisi. Daa'imman wantoota cinaa isaanii jiru hunda akka hubatan gargaara.

## MEE WAL FAANA YAA DEEMNU:

Nuti gara mana kitaabaatti dhiyaachaa jirra (Iddoo gahuu)

Kitaaboolee filachuu (Kitaaboolee filachuu harka lachuunuu mallattoodhan agarsiisi)

Isaan seensisaa (Harka lachuu gara fulduraatti agarsiisaa)

Isaan baasaa! (Quba Abbuudduu lachuu gateetti kee irra gara duubaa agarsiisi)

Galmee jechootatin akkami jechuuf jirra (Helloo jedhaa harkaa afarsaa)

Kitaaboolee filachuu
Isaan seensisaa
Isaan baasaa!

spl.org

# WAJJIIN DUBBISUU:

Daa'ima keessan wajjiin gaazeexaa ykn keeyyata barruu ilaalaa akkasumas jechoota maqaa daa'ima keessanii wajjiin qubee walfakkaatadhaan eegalanitti marsaa.

Wanta hundaa fi kamiyyuu dubbisaa:

- Yeroo irbaata qopheessitan qajeelcha qophii nyaataa yoo fayyadamtan, tokkoon tokkoon sadarkaa yeroo hojjettan daa'ima keessaniif sagalee ol kaasun dubbisaa.
- Midhaan qopheessuuf yeroo naqaawwan sassaabdan, ibsawwan sagalee ol kaasuun daa'ima keessaniif dubbisaa. Isaanis qubeelee adda baasan agarsiisuu danda'u!
- Jechoota mallattoowwan daandii ilaallatan maxxansaa.

Yeroo kitaaba dubbistan, daa'imman akka isin fakkiiwwan osoo hin ta'in qubeelee dubbisaa akka jirtan ilaaluu akka danda'an gara jechootatti agarsiisaa. Akkasumas kuni kallattii isin itti dubbistan afaan keessan keessatti akka hubatan isaan gargaara (fakkeenyaf, Ingliffi bitaa irra gara mirgaatti dubbifama).

# TAPHA KAARDII GOCHAA:

Bocawwan qubeelee manatti ykn alaa barbaadaa. Kaardiiwwan qubee fidaatii wantoota bocawwan qubeelee fakkaatan naannoo mana ykn ollaa keessanii barbaadaa. Yeroo isaan argattan maqaa waamaa. Fakkeenyaaf, ulee "Y" fakkaatu, saldaaqaa "O" uumu ykn hidhaa kophee "S" uumuu danda'u barbaadaa.



# MANATTI WAJJIIN TAPHADHAA

Wajjiin taphachuun daa'imman akka of ibsaaniifi yaadaawwan gara gochootaafi jechootatti akka jijjiiran gargaara. Taphni daa'imman jechoonni dubbatamaniifi barreeffaman wantootaafi muuxannoowwan dhugaa akka bakka bu'an akka hubatan gargaara.


## MEE WAL FAANA YAA DEEMNU:

*Harka ol, walqabaa, hurgufaa hurgufaa hurgufaa*
*(Harka mataa olitti ol qabaa, harka hurgufaa)*

*Harka gadi qabaa, hurgufaa hurgufaa hurgufaa*
*(Harka gara jilbootati gadi buusaa, harka hurgufaa)*

*Naanna'aa, hurgufaa hurgufaa hurgufaa hurgufaa*
*(Qaamaa naannessaa, harka hurgufaa)*

*Lafa tuqaa, hurgufaa hurgufaa hurgufaa hurgufaa*
*(Lafa tuqaa, harka fuudhaa)*



## WAJJIIN TAPHACHUU:

Tapha I Arguu Haalluuwwan fayyadamuun taphadhaa. “Ani ija tiyya xiqqoodhan wanta keelloo wayiitan arga”, jedhaa. Wantan ani ilaaluu malu kan keelloo ta’e maal argita?”

qubeelee fayyadamuun I arguu taphadhaa. Fakkeenyaaf, “Ani ija tiyya xiqqoodhan, wanta qubee B dhan eegaluun arga. Ani wanta qubee B dhan eegaluu ilaalaa ati maal argita?”

Fooggala Dhaabbii godhaa. Sirba jaalattun fooggali. Yeroo muuziqaa dhaabdu kamiyyuu, namoonni fooggalan sosocho’uu dhaabanii hamma muuziqaan irra deebi’ee eegalutti achumatti dhaabatanii hafu.

Fakkii yeroo atiifi hiriyoonni kee wajjiin taphatan kaasi. Hiriyoota kam yaadda? Yeroo lamaffaaf yeroo wal agartan maal gochuu barbaadda? Hiriyoota kee keessaa tokkoof bilbilii waa’ee isaa itti himi.

## TAPHA KAARDII GOCHAA:

Daa’imni kee beellada kaardiiwwan beelladaa irraa akka filatu eeyyamiif. Yeroo waa’ee seenaa isaa itti himtu daa’imni kee beelladicha ta’uuf akka fakkeessuu gaafadhaa. Akka beelladichaatti socho’aa, akka bineensichaaatti sagalee baasaa akkasumas seenicha gochaan agarsiisaa.

Kaardiwwan qubee fayyadamuun qubeelee garaa garaa kutaa keessa teechisaa. Itti aansuun qubeelee keessa tokko waamuun daa’imni keessan akka itti hixaatu jajjabeessaa.

# MANATTI WAJJIIN BARREESSUU

Haallessituu qabachuu fi fakkii saffisaan kaasuu irraa hamma qubeeleefi jechoota barreessutti, daa'imman dandeettii barreessuu isaanii shakaluu umurii lama irraa eegaluu. Dogoggoranii barreessuun daa'imni keessan barreessuufi dubbisuu akka baratu ni gargaara!

## MEE WAL FAANA YAA DEEMNU:

Hamma mukaa dheeraa, hammam dheeraa ta'u dandeessa?
(Ol jedhii sirriitti dhaabachuun harkaa gara tishoo diriirsi)

Hamma manaa bal'aa, hammam bal'aa ta'uu dandeessa?
(Irreewwaniifi miila baay'ee adda fageessun diriirsaa)

Akka mismaaraa qal'oo, akkamitti qal'oo ta'uu dandeessa?
(ol jedhaa sirriitti dhaabbadhaa, quboota gara lafaatti agarsiisun)

Hamma hantuuta xiqqoo, hammam xiqqoo ta'uu dandeessa?
(Gara kubbaa xiqqootti miilarra of taa'aa)


Akka mukaa dheeraa, akka manaa bal'aa, akka mismaaraa qal'oo, akka hantuutaa xiqqoo
(tokkoon tokkoon diriirsuu hamma barbaadde godhi!)

## WAJJIIN BARREESSUU:

Qubeelaa fi waraqaa mana keessa godhaa, daa'imni kee barreessuu baruu shaakaluu danda'a. Qubeelaa qabaachuufi barreessuu baruuf yaaluun daa'imni kee guyyaa tokko akka barreessuu kan gargaaruu dandeetti motoraa ijaaruu keessatti sadarkaa jalqabaati!

Daa'imni kee bocawwan akka adda baasuu gargaari. Bocawwan wajjiin kaasuu ykn kitaaboolee keessatti isaan dubbachuu shaakali. Daa'imman jalqaba qubeelee isaanii akka bocawwanitti adda baasuu.

Daa'imni kee maqaa isaanii barreessuu akka shaakalan eeyyamiif. Maqaan isaanii eessaa akka dhufe seenaa isaanitti himi. Maqaa isaanii wajjiin jechoota qubee wal fakkaatadhan eegalan caqasaa.



## TAPHA KAARDII GOCHAA:

Daa'imman keessan qubeelee maqaa isaanii kaardiiwwan qubee irraa akka filatan gargaaraa. Beellada maqaa jalqabaa isaanii wajjiin qubee wal fakkaatadhan eegaluu yaaduun waa'ee beellada sana seenaa akka uuman gargaari.

Waraqaa duwwaa isaanii irratti qubeelaadhan si wajjiin seenaa akka barreessan/barreessu baruu akka yaalaniifi fakkiiwwan akka kaasan jajjaabeessi. Yeroo xumurte seenicha deebisi isaaniif dubbisi. ykn isaan seenaa deebisanii akka siif dubbisan eeyyamiif.

# MANATTI WAJJIIN SAAYINSII

Waa'ee addunyaa gaaffiillee gaafachuufi daawwannaa taasisuun haala daa'imni kee wantoota hunda cinaa isaaniitti ta'uu itti hubataniidha. Wanta wajjiin ilaaltanii fi muuxannoo godhatan ibsuufii wal madalchiisuuf ykn garagarummaa caqasuuf yaali. Ijjoollen xixiqqoon waa'ee wanta hundaa baruuf fedhii qabu, isaan saayintistii uummamaati.

## MEE WAL FAANA YAA DEEMNU:

[Dhaabachuun cee'umsa sagalee wajjiin foggoli]

Guddisi, Guddisi, Guddisi, gara adeessa deema jirra.

Guddisi, Guddisi, Guddisi, dadaffiin deema jirra.

Imala deemuu yoo barbaadde, gara doonii rookeetti kiyyaatti seeni.

Guddisi, Guddisi, Guddisi, gara adeessa deema jirra.

5, 4, 3, 2, 1... KAASI!

[Quboota keetin suuta jedhii gadi lakkaawwuun utaali!]

# WAJJIIN SAAYINSII

Gara keessaa(ykn alaa) adamoo deemii wantoota wal fakkaatan barbaadi: Wantoonni xiqqoo ta'an, wantoonni magariisa ta'an, wantoota lallaafoo ta'aniifi wanta biraa yaaduu dandeessu kamiyyuu!

Nyaataa wajjiin nyaattaniin yaalii dhandhamuu qindeessi. Ija kee cufuun dhandhamawwan, fooliiwwan fi makalluuwwan cininnaa tokkoon tokkoon isaaniitin muuxannoo godhatu ibsi.

Waa'ee akkamitti rakkoo jireenya keessaa akka furte seenaa qoodi. ykn, wanta baruuf fedhii qabatte tokkoo kan achumaan waa'ee isaa caalaatti baratte ibsi.

Fakkii wanta manatti ykn alatti agartuu tokkoo kaasi. Waa'ee gadi fageenya daa'imni kee yeroo isaan wanta tokko jireenya irraa kaasuu yaalanii turanii kaase dubbadhu.

# TAPHA KAARDII GOCHAA:

Kaardiiwwan beelladoota fayyadamuun, ramaddiiwwan garagaraatti isaan qooduuf daa'ima kee wajjiin hojjedhu. Beelladoota kamtu keelloodha? Beelladoota kamtu miilota dheeraa qabu? Ramaddiiwwan barbaade kamiyyuu uumi!



Kabajaan kan deeggarame

The Seattle Public Library Foundation

www.SupportSPL.org